

# Yoo COVID-19 dhaan qabamtan maal gochuu akka qabdan

## Cuunfaa jijjiiramoota Ebla 20, 2022

- Jijjiiramoota teeknikaalaa qajeelfama Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Jiddugala Too’annoo fi Ittisa Dhibee) meeshaa herregduu adda of baasuu fi kophaa turuu Department of Health (DOH, Qajeelcha Fayyaa) fi Odeeffannoo Care Connect Washington wajjiin wal qabatan.

## Cuunfaa jijjiiramoota Amajjii 26, 2022

- Qajeelfama adda of baasu kan [Qajeelfama Adda of baasu fi Kopha ta'uu CDC](#) waliin ta'un haarefamee kan hawaasaaf qopha'ee.
- Odeeffannoo dabalamaa haala [yeroo ofiin qoratamtaan yoo qabamtan maal godhuu akka qabdan](#).

## Seensa

COVID-19'n yoo qabamtan, namoota birootti akka hin dabarref tatamsa'ina COVID-19 ittisuu ni dandeessu. Maaloo, qajeelfamoota kanaa gadii hordofaa.

- Barattoonnii fi hojjattoonni manneen barnoota K-12 [ulaagaalee K-12](#) hordofuu qabu.
- Namootni buufata fayyaa keessa turaan ykn hojjataan qajeelfama [CDC Qajeelfama Yeroo Kan Eggumsa Hojjattoota Fayyaa kan SARS-CoV-2 qabanyookan SARS-CoV-2 dhaaf saaxilaman](#) (Ingiliffa qofaa) [Eeruu Ittisa Dhukkuba Yeroo CDC kan Namoota Dhukkuba Koroonaadhan dhaan qabamanii kan Yeroo Dhukkuba Vaayirasii Koroonaa 2019 \(COVID-19\)](#) (Ingiliffa qofaa) duuka bu'uu qabu.

## Manatti adda of baasuu

Namootni COVID-19 n qabaman ykn mallattoolee COVID-19 kan of irratti argan akkasuma firii qorannoo eegaa jiran mana deemun fi adda of baasu qabu. **Haalli talaallii keessanii kan fedhe ta'us adda of baasuu qabdu.** Mana baruumsaa, hojii yookin bakka namni itti heddummatu hin deeminaa. Geejjiba uummataa, taaksii yookin nama waliin konkolaataa hin fayyadaminaa. Namootni biroo gabaa akka isiniif dhaqan gaafadhaa yookin tajaajila giroosarii manatti isiniif fidu fayyadamaa. Yeroo manatti adda of baastanii turtan nyaanni ykn gargaarsi biraa yoo isin barbaachise, [Care Connect Washington](#) jira. Bilbila odeeffannoo COVID-19'f tajaajilu 1-800-5250127 irratti bilbiluun mallattoo # tuqaa. Deeggarsi tajaajila afaanii jira.

Hanga danda'ametti, namoota biroo irraa adda bahaatii turaa yeroo mana turtaan, ni jira taanan mana fincaanii qophaatti fayyadamaa. Yeroo isin namoota biroo bira ta'uun dirqama ta'uuf haalonni yoo jiraatan [haguuggii afaanii fi funyaanii sirriitti ta'u](#) uffadhaa.

Waldhaansa fayyaaf yoo ta'e malee manaa bahuu hin qabdan. Ogeessa fayyaa bira osoo hin deemin dura bilbilaa. COVID-19 dhaan akka qabamtan yookin qorannoo COVID-19 taasisaa akka jirtan ogeessa fayyaa keessanitti himaa.

## Adda of baasee hangam turuun qaba?

Yeroo hammamiif akka adda of baastan kan murta'uu akkamin akka haguuggi afaaniif funyaanii godhataan irratti dha; dhukkubiin cimaan COVID-19 isiiniratti mul'achuu ykn siistama imiyuunitiin keessan dadhabuu; fi haala turtii ykn hojii keessaa jirraanii naannoo addaa ba'eetti hunda'uun. Kannen kanaa gadi keessa maaloo kan isin ilaalatu filadhaa.

Yoo [dandeesse](#) manattii fi iddoo namoonni baay'een jiranitti namoota biroo cinaa yeroo taatan haguuggii afaanii fi funyaanii sirriitti ta'u godhachuu itti fufuu qabdu.

**Yoo COVID-19 n qabamtee fi mallattoon [siratti mul'atee](#), guyyaa 5 f** adda of baasaa hanga mallattoon mul'atee isinirra badutti. [Yeroo adda of baasuu guyyaa-5 keessan herreguudhaaf](#) kanaa gadi ilaalaa. Guyyaa 5 booda adda of baasuu dhiisu dandeessu yoo:

- Mallattoon keessan erga adda of baastanii guyyaa 5 booda fooyya'iinsa guddaa agarsiisaa kan jiru ta'ee, **AKKASUMAS**
- Qorichaa mataa dhukkubbif kennaman osoo hin fudhatiin yoo sa'aatiwwan 24 f mataa dhukkubii kan hin qabaanne ta'e, Fi
- Manattii fi iddoo namoonni baay'een jiranitti guyyaa dabalataa 5'f [haguuggii afaanii fi funyaanii sirriitti ta'u](#) osoo adda hin kutin godhachuu itti fufaan.

Yoo ho'ini qaama keessan itti fufee ykn mallattooleen biroo keessan erga adda of baastanii guyyaa 5 booda fooyya'iinsa kan hin qabne ta'an, adda of baasuu keessan xumuruu keessaniin dura qoricha hoo'insa qaamaa hir'isuu osoo hin fayyadamiin sa'aa 24'f hoo'insa qaamaa irraa bilisa hamma taatanii fi mallattooleen biroo hamma fooyya'anitti eegaa.

**Yoo COVID-19 dhan qabamtee fi [mallattoolee](#)** kamiyyuu kan hin qabaannee yoo taatan, erga COVID-19 dhan qabamuun keessan qorannoodhan beekameen booda yoo xiqqaate **guyyaa 5'f** adda of baasaa. [Yeroo adda of baasuu guyyaa-5 keessan herreguudhaaf](#) kanaa gadi ilaalaa. Guyyaa 5 booda adda of baasuu dhiisu dandeessu yoo:

- Yoo mallattoolee hin qabannee taatan, Fi
- Manattii fi iddoo namoonni baay'een jiranitti guyyaa dabalataa 5'f [haguuggii afaanii fi funyaanii sirriitti ta'u](#) osoo adda hin kutin godhachuu itti fufaan.

Erga qabamtaniin booda yoo mallattooleen isiiniratti mul'atan, guyyaan adda of baasu 5 jalqabuu qaba. Yoo mallattoolee qabaattan adda of baasuu xumuruu ilaalchisee gorsoota armaan olii hordofaa.

Yeroo mana keessaa fi ala jirtanitti sirriitti [haguuggi afaaniif funyaanii sirriiti](#) fayyadamu qabdu akkasuma qophiilee namoota biroo qopha'aan warreen maaskii hin uffanne irratti hirmaachu dhiisuun, kan akka ciisuu, nyaachuu ykn bishaan daakuu. Filannoon maaskii uffachuu dhiisuu (fkn: haguuggii fuula golgaa waliin) akka filannoo lamattaatti guyyaa dabalataa maaskii 5 keessatti fayyadamuu dandeessu.

Yoo qorannaa antiijiini argachuu dandeessa ta'ee, carraa namoota biroo qabsiisuu hir'isuu dandeessa guyyaa 5 ffaa adda of baasuutti qorannoo taasifachuun. Eddattoo qorannoo guuruu kan qabdan qorichoota ho'ina qaamaa hir'isan osoo hin fayyadamin sa'aawwan 24 ho'ina qaamaa irra bilisa yoo taatanii fi mallattooleen biroo keessan (Seensi dhandhamaa fi foolii dhabuun erga dandamattanii booda torbanootaf ykn ji'ootaf turuu danda'u, akkasumas adda of baasuu xumuruuf turuun hin barbaachisuu) yoo fooyya'an qofa. Yoo qorannoodhan akka isin hin qabamne beekame, adda of baasuu guyyaa 5 booda dhaabuu dandeessu, garuu bakka namoonni biroo jiranitti guyyaa dabalataa 5'f haguuggi afaaniif funyaanni uffachu itti fufaa. Yoo qorannoodhan akka qabamtan beekame, erga mallattooleen keessan jalqaba mul'atanii kaasee (ykn yoo isin mallattoolee hooma hin agarsiisnee fi erga yeroo jalqabaaf qorannoodhan COVID-19 dhan qabamuun keessan beekame irraa kaasee guyyoonni 10 darban) hamma guyyoonni 10 darbanitti adda of baasuu itti fufuu qabdu.

**Kun qajeelfama dabalataa yeroo guyyaa 10 booda mallattoon mul'ate booda dha (ykn isin keessatti argamee, yoo mallattoon hin mul'anne ta'e dha):**

- Guyyaa 10 guutuudhaff, namoota [dandeettin dhibee ittisuu isaanii miidhame ykn balaa ol'aanaa dhukkubii hammaatan qabamuu qaban](#) irraa fagaadhaa, akkasumas gara mana yaalaa (mana narsoota dabalatee) fi bakka yaadessoo biroo deemuu dhiisaa.
- Guyyaa 10 guutuudhaff, bakka itti haguuggi afaanii fi funyaanii uffachuu hin dandeenye hin deemin, kan akka mana nyaataa fi bakka ispoortii itti hojjataan, akkasuma mana keessatti fi bakka hojiitti namoota biro biratti nyaachuu irraa of qusadhaa.
- Odeeffannoo imalaa argachuuf [Imala | CDC](#) ilaalaa.

Yoo manattii fi iddoo namoonni baay'een jiranitti haguuggii afaanii fi funyaanii sirriitti ta'u godhachuu **hin dandeessan** ta'ee:

**COVID-19'n qabamtaniirtu yoo ta'ee fi mallattooleen yoo mul'atan**, mana keessatti adda of baaftanii turuu addaan kutuu kan dandeessu yoo mallattoon guyyaa jalqaba mul'ate irraa **guyyaa 10** booda badeef:

- Qorichaa mataa dhukkubbif kennaman osoo hin fudhatiin yoo sa'aatiwwan 24 f mataa dhukkubii kan hin qabanne ta'e, **FI**
- Mallattooleen keessan baay'ee yoo fooyya'iinsa agarsiisan.

Yoo hoo'ini qaama keessan itti fufee ykn mallattooleen keessan guyyaa 10 booda jijjiirama hin qaban ta'ee, hanga guyyaa xumura adda of baasuutti fi sa'aatti 24 f dhukkubi ho'ina qaama malee fi qorichaa osoo hin fudhatiin turtaanitti turaa akkasuma mallattooleen biroos hanga fooya'anitti.

**COVID-19'n qabamtaniirtu yoo ta'e, garuu immoo mallattoon homaatuu isin irratti yoo hin mula'nne**, adda of baasuu dhaabuu dandeessu yoo **guyyaa 10** booda guyyaa COVID-19 n qabameen booda mallattoon deemera ta'eef:

- Yoo mallattoolee hin qabannee taatan.

Erga qabamtaniin booda yoo mallattoon isiinirratti mul'atee, guyyaan adda of baasu 10 jalqabuu qaba. Yoo mallattoolee qabaattan adda of baasuu xumuruu ilaalchisee gorsoota armaan olii hordofaa.

Yeroo manatti adda of baastanii turtan nyaanni ykn gargaarsi biraa yoo isin barbaachise, [Care Connect Washington](#) jira. Bilbila odeeffannoo COVID-19'f tajaajilu 1-800-5250127 irratti bilbiluun mallattoo # tuqaa. Deeggarsi tajaajila afaanii jira.

Yoo dhukkubbiin cimaan COVID-19 isiinirratti mul'achuu ykn [sirna dhukkuba ofirraa hir'isuu keessan dadhabu](#);

Namootni dhukkubi COVID-19 cimaan qabamaan (namoota hospitaalaa geefaman ykn kunuunsa jabaa barbaadan ykn gargarsaa sirna hargaansuu) fi namoota [sirna dhukkuba ofirraa hir'isuu wal xaxaa qaban](#) manatti adda of baasu yeroo dheeraa barbaadu. Isaan akkasuma qorannaa kan [qorannaa vaayiraalii](#) barbaadu danda'u yeroo isaan namoota biroo bira jiranitti. CDC n kan gorsuu yoo xiqqaate guyyaa adda of baasuu 10 dha akkasuma namoota COVID-19 baayee dhukkubsataniif ammoo hanga guyyaa 20 tti dha akkasuma namoota [sirna dhukkuba ofirraa hir'isuu dadhabaa](#) Yeroo itti deebitanii namoota faana taatan kannen tajaajila fayyaa isiinif dhi'eessan waliin dubbadhaa.

Bakki walitti qabamsaa namoota kanaa gadii keessaa tokko keessa jirtu ykn hojatu ta'ee:

Namootni bakka namootni walitti qabaman keessa hojjatan ykn jiraatan qajeelfama kanaa gadii duukaa bu'uu qabu adda of baasu irrattii.

- Bakka sirreessa ykn turtii
- Mana kan hin qabne ykn mana yeroofii
- Haala teessuma daldalaa (f.k.n., bakka daldalaa nyaata bishaan keessaa, doonii fe'umsaa, doonii gurguddaa)
- Namoota bakka hojii namoonni itti heddummatanii fi walirraa fageenyi qaamaa itti eegamuu hin dandeenye keessa hojjatan; kunis sababa bakkeewwan hojii kanneen akka mana kuusaa yookin warshaa keessatti walirraa fageenya qaamaa eegun rakkisaa ta'eefi.
- Mana jireenya hojjattoota yeroofii

**COVID-19'n qabamtaniirtu yoo ta'ee fi mallattooleen yoo mul'atan**, mana keessatti adda of baaftanii turuu addaan kutuu kan dandeessu yoo mallattoon guyyaa jalqaba mul'ate irraa **guyyaa 10** booda badeef:

- Qorichaa mataa dhukkubbif kennaman osoo hin fudhatiin yoo sa'aatiwwan 24 f mataa dhukkubii kan hin qabaanne ta'e, **FI**
- Mallattooleen keessan fooyya'iinsa yoo agarsiisan.

Yoo hojii hojata ta'ee garuumoo bakka namni baay'atu hin jirataan tae, guyyaa 10 guutuuf gara bakka hojii hin deeminaa, garuu yeroo adda of baasuu gabaabsuu dandeessu haala fayyadama [maaskii sirriiti afaaniif funyaan uwwisuu](#) irratti hundaa'un.

**COVID-19'n qabamtaniirtu yoo ta'e, garuu immoo mallattoon homaatuu isin irratti yoo hin mula'nne**, adda of baasuu dhaabuu dandeessu yoo **guyyaa 10** booda guyyaa COVID-19 n qabameen booda mallattoon deemera ta'eef:

- Yoo mallattoolee hin qabannee taatan.

Erga qabamtaniin booda yoo mallattooleen isiinirratti mul'atan, guyyaan adda of baasuu 10 jalqabuu qabdu. Yoo mallattoolee qabaattan adda of baasuu xumuruu ilaalchisee gorsoota armaan olii hordofaa. Yoo hojii hojata ta'ee garuumoo bakka namni baay'atu hin jirataan tae, guyyaa 10 guutuuf gara bakka hojii hin deeminaa, garuu yeroo adda of baasuu gabaabsuu dandeessu haala fayyadama [maaskii sirriiti afaaniif funyaan uwwisuu](#) irratti hundaa'un.

Yeroo hojataan murteesson hir'atanitti, Namootni bakka sirreesaa, dhi'eessi bakka turtii, mana kan hin qabneef bakka turtii, fi mana yeroofii keessa hojataa yeroo adda of baasuu gabaabsuu danda'uu haala isaani irratti hundaa'uun. Haala kana keessatti murtoon yeroo adda of baasu gabaabsuu kan darbuu yeroo hojjattooni fayyaa gorsuun murteessan dha.

## Yeroo kamittidha kan ani baayyee dabarsuu danda'u fi kannen biroo qabsiisu?

Namni qabame kara coba hargaansuu ykn paartikiloonni xixxiqqoo kan akka aerosols, keessa jiraniitin vaayirasii tatamsaasuu ni danda'a, yeroo itti qabamaniitti, namoonni COVID-19'tin qabaman mallattoolee arguu isaanitiin dura guyyoota lama (ykn yoo isaan mallattoolee hin agarre ta'e guyyaa qorannoo poozitivii isaanii dura guyyoota 2) irraa eegaluun hamma mallattoolee erga arganii booda guyyoota 10 (ykn yoo isaan mallattoolee hin qabaannee guyyaa qorannoo poozitivii isaanii booda guyyoota 10) tatamsasuu ni danda'u. Yoo yeroon namni tokko sababa COVID-19 tin adda of baasuu guyyoota 10 caale, hamma yeroon adda of baasuu isaanii dhumutti ni daddabarsuu.

Yoo namni tokko COVID-19 n qabamee guyyaa 5 f adda of baase sana booda guyyaa 5 f adda of baasa maaskii sirriiti fayyadame sababa mallattooleen fooyya'aniif ykn guyyaa 5 booda deeme, namootni

guyyaa 6-10 keessatti saaxilamaan sababa [haguuggii faanii fi funyaanii sirriiti](#) uffataniif dheerachuu dhiisu danda'a. Yoo wantichi maaskii sirriiti uffachuu dhiisuu ta'e, namootni guyyaa 6-10 keessatti saaxilaman akka walitti dhi'eenya dhi'ootti ilaalamuu.

## Akkaminan yeroo turtii guyyaa-5 ykn guyyaa-10 adda of baasu herreguu dandeenya?

Yoo mallattooleen isiiniratti mul'atan, guyyaa 0 n guyyaa itti isiin jalqaba mallattoolee of irratti argitaan dha. Guyyaa 1 guyyaa guutuu jalqabaa isiin nama mallattoo of irratti argitaan.

Yoo mallattoolee hin qabdan ta'ee, guyyaa 0 n guyyaa itti qorannaa vaayiralii godhataan dha (guyyaa itti qorannaa taasifataan). Guyyaa 1 guyyaa guutuu jalqabaaispeesimeeni booda akka qabamtaan qorannaan barame.

Deeggarsaaf meeshaa [Herregduu Adda Baasuu fi Kophaa Turuu](#) DOH ilaalaa.

## Yeroo adda of baasuutti waan godhamuu

- **Mallattoolee ofirratti ilaalaa.** Mallattoon isin irratti mul'ate yoo isinitti hammaate, gargaarsa ogeessaa isin barbaachisa. Rakkoo fayyaa hatattamaa yoo qabaattanii fi 911 tti bilbiluu yoo barbaaddan, mallattoo Covid-19 qabaachuu keessan hojjattoota dhimmi kun ilaallatutti himaa. Tajaajiltoonni yeroo hatattamaa osoo hin dhufin dursa, ni danda'ama taanan haguuggii fuulaa godhadhaa.
- **Namootarraa adda of baasaa,** hamma danda'ameetti namoota mana keessa jiraanii fi bineeldota mana dabalatee. Yoo kan danda'amu ta'e, Kutaa kophaa keessa turaa akkasumas mana fincaanii kophaatti fayyadamaa. Bineeldota manaa keessan kunuunsun dirqama yoo ta'e, osoo bineensota manaa hin tuttuqin duraa fi booda harka keessan dhiqadhaa; ni danda'ama taanan, haguuggii fuulaa godhadhaa. Odeeffannoon dabalataa [COVID-19 fi Bineeldota Manaa](#) hidha jedhu irra jira.
- Namoota yookin bineeldota manaa bira yommuu geessan yookin biiruu dhiyeessaa eegumsa fayyaa yommuu seentan [haguuggii afaanii fi funyaanii fayyadamaa](#). Haguuggii afaanii fi funyaanii godhachuu hin dandeessan yoo ta'e, miseensonni maatii manicha keessaa isin waliin turuu hin qaban yookin yeroo kutaa isin keessa jirtan seenan haguugii afaanii fi funyaanii godhachuu qabu.
- Yoo danda'ame, [haala qilleensa mana keessaa fooyyessuudhaf tarkaanfii fudhadhaa](#).
- **Meeshaalee dhuunfaa** kanneen akka qodaa itti nyaatan, burcuqqoo itti dhugan, siinii, meeshaalee addaa adaa, fookaa, yookin huccuu siree **nama biroo wajjin hin fayyadaminnaa**.

## Af-gaaffii fayyaa hawaasaa irratti hirmaadhaa

COVID-19 dhaan yoo qabamtan, yeroo heddu karaa bilbilaatin, namni waajjira fayyaa hawaasaa irraa isin qunnamu jira. Namni af-gaaffii isin gaafatu maal gochuu akka qabdaniif fi gargaarsi akkamii akka jiru akka hubattan isin gargaaru. Namni bar-gaaffii isin gaafatu maqaa fi karaa ittiin nama yeroo dhiyootti tuttuqqii gootan argatan nii gaafatu. Odeeffannoo kana kan isin gaafataniif, tarii dhibichaaf saaxilamanii turuu akka malan itti himuufi. Maqaa keessan nama tuttuqqii qaamaa wajjin taasifan sanatti hin himan warrii isiin gaafatan.

## Yeroo ofiin of ilaaltanitti yoo of irratti argitaan

Odeeffannoo dabalataaf [Qajeelcha Qorannoo Ofiinii SARS-CoV-2 Yeroo gabaabaa \(wa.gov\)](#) (Ingiliffa qofaan) ilaalaa.

## Adda bahanii turuu fi yerodhaaf qophaatti adda bahuu gidduu garaa garummaa maaltu jira?

- **Adda bahuun**, COVID-19'n qabamtan yoo ta'ee fi bu'aa qorannoo eeggataa jirtu yoo ta'e, yookin COVID-19'n qabamtan yoo ta'e waanta gootaniidha. Adda bahuun, dhibichi akka hin daddabarre ittisuuf jecha [yeroof](#) (Ingiliffa qofaan) mana turuu fi namarraa (miseensota maatii dabalatee) adda bahuudhan turtu jechuudha.
- **Kophaa turuu jechuun** COVID-19 dhaf yoo saaxilamtan waanta gootaniidha. Kophaa turuu jechuun tasa yoo dhibichaan qabamtanii fi ni daddabarsitu yoo ta'e [yeroof murtaa'efe](#) (Ingiliffa qofaan) manaa fi namoota biroo irraa fagaatanii turuu jechuudha. Boodarra COVID-19' qabamtan yoo ta'e yookin mallattooleen COVID-19 isin irratti mul'ate yoo ta'e, yerodhaaf qaophaatti adda bahanii turuun gara adda bahuutti ceha (quarantine becomes isolation).

## Odeeffannoo fi maddoota dabalataa COVID-19

**Namni tokko doktara yookin ogeessa fayyaa waldhaansa laatuf hin qabu/du yoo ta'e:** bakkeewwan hedduun tajaajila qorannoo tolaa yookin gati aanaa kennan jiru, sadarkaan godaansa isaanii maaliyyuu yoo ta'e jechuudha. [Waa'ee Qorannoo Department of Health Ilaalchisee Gaaffilee Yeroo Hedduu Gaafataman](#) ilaalaa, gara [Sarara Waa'ee Odeeffannoo COVID-19 Isteeta WA](#) tti bilbilaa.

[Haala COVID-19 kan Ammaa Washington keessatti](#), [Labsiiwwan Bulchiinsa Islee](#) (Ingiliffa qofa), [mallattoolee](#) (Ingiliffa qofa), [akkamitti akka tatamsa'u](#) (Ingiliffa qofa), fi [akkamittii fi yoom namoonni akka qorannoo taasisuu qaban](#) (Ingiliffa qofa) ilaalchisee odeeffannoo waqtaawaa qabaadhaa. Odeeffannoo dabalataaf [Gaaffilee Yeroo Hedduu Gaafataman](#) (Ingiliffaan qofaan) keenya ilaalaa.

Eenyummaan/sanyiin yookin lammummaan mataan isaa namatokko COVID-19 dhaaf hin saaxilu. Haa ta'u malee, hawaasni gurraachi (communities of color) haalan dhibee COVID-19 tiin miidhamaa jiru. Kuni ta'uu kan danda'e sababa namoonni qoqqobbii sanyummaa irra gaheen namoonni kun ofii isani fi hawaasa isaanii dhibicha irraa ittisuuf carraa baay'ee hin arganne. [Maqaa namaaf kennanii nama goodun dhibicha ittisuuf hin gargaaru](#) (Ingiliffa qofaan). Jette jettee fi odeeffannoon sobaa akka hin babal'anneef, odeeffannoo dhugaa qofa qoodaa.

- [Department of Health 2019 steeta WA Weerara Koroona Vaayirasii Novel \(COVID-19\)](#)
- [Deebii Koronavaayirasii \(COVID-19\) Isteeta WA](#) (Ingiliffa qofaan)
- [Qajeelcha Fayyaa Naannoo yookin Aanaa Keessanii Barbaadaa](#) (Ingiliffa qofaan)
- [Vaayirasii Koroona CDC \(COVID-19\)](#) (Ingiliffa qofaan)
- [Maddeen Maqaa Namaaf Kennanii nama gooduu hir'isuu](#) (Ingiliffa qofaan)

**Gaaffii dabalataa qabduu?** Sarara bilbilaa keenya kan Odeeffannoo COVID-19 tti bilbilaa: **1-800-525-0127**

Wiixata – 6 a.m. irra hamma 10 p.m., Kibxata – Dilbata fi [ayyaanota biyyoolessaa](#), 6 a.m. hanga 6 p.m. Tajaajiloota afaan hiikuuf, yeroo isaan deebisan **# tuquudhan afaan keessan dubbadhaa**. Waa'ee fayyaa keessanii gaaffilee dabalataa gafachuuf, qorannoo COVID-19, yookin bu'aawwan qorannootif, dhiyeessaa eegumsa fayyaa qunnamaa.

Galmees kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 ([Washington Relay](#)) irratti bilbilaa yookiin [civil.rights@doh.wa.gov](mailto:civil.rights@doh.wa.gov) irratti imeelii erga.